| Qajeelcha Poolisii Minneapolis Maanuwaalii Imaammataa fi Adeemsaa | Lakkoofsa: 7-1000 |
|---|---|
| **Jiildii Torba – Hojiiwwan Dirree** | |
| **Namoota Qaama Miidhamtootaa fi Dandeettiin Afaan Ingiliffaa Isaanii Daangeffame** | |

## 7-1002 Namoota Gurri isaanii hin dhageenye ykn Rakkoo Dhageettii Qaban Waliin wal Quunnamuu

(02/08/96) (12/05/08) (05/06/15)

(A)

Namoota gurri isaanii hin dhageenye ykn rakkoo dhageettii qaban kanneen gaafataniif turjumaanni Afaan Mallattoo Ameerikaa akka kennamu kun imaammata Kutaa Poolisii Minneapolisiiti. Hojjetoonni MPD namni tokko gurri isaa kan hin dhageenye ykn rakkoo dhageettii qabaachuu akka danda'u erga hubatanii booda, turjumaanni kan afaan mallattoo kaffaltii tokko malee akka argaman, akkasumas turjumaanni tokko argamuuf hanga sa'aatii tokkoo fudhachuu akka danda'u nama sanatti beeksisuu qabu. Nama gurri isaa hin dhageenye ykn nama rakkoo dhageettii qabu turjumaana ykn gargaaraa kan akkamii akka barbaachisu hojjetoonni gaafachuu qabu.

Namni gurri isaa hin dhageenye ykn rakkoo dhageettii qabu tokko haala qunnamtii ilaalchisee yoo yaada kenne, hojjetoonni MPD ammoo yaada sana keessummeessuuf yaalu qabu. Hiriyyaan ykn miseensi maatii nama gurri isaa hin dhageenyee ykn rakkoo dhageettii qabu tokkoo bakka bu'uudhaan akka hiikuuf/hiiktuuf hojjetoonni gaafachuu hin qaban.

Yoo afaan hiikuun barbaachisaa ta'uun isaa murtaa'e, hojjetoonni tajaajila turjumaanaa gaafachuuf Qajeelfama LEP kan MPD Net irratti argamu Maanuwaalotaa fi Qajeelfama jalatti daldaltota Magaalaa kanneen waliigaltee addaa qaban ilaaluu qabu. Tarkaanfiin poolisii hatattamaa kan hin barbaachifne yoo ta'e, hojjetoonni guyyaa fi sa'aatii booda walii galaniif, turjumaana haammachuudhaaf gaaffii fi deebii ykn beellama qabachuuf dhiyeessuu ni danda'u.

Turjumaanni tokko osoo hin dhufin dursee hojjetoonni ibsa shakkamaa fudhachuu, akeekkachiisa Miranda kennuu ykn haasawaa biraa mana murtii seeraa keessatti fayyadamuun danda'amu kamiyyuu gochuu hin qaban.Yeroo haala rakkisaa ariifachiisaa ta'etti, erga yeroo ariifachiisaan xumuramee booda tajaajilli turjumaanaa ni kennama.

Qondaaltonni konkolaattota kan deebii 911 keessatti ramadaman, yeroo turjumaanni dhufu eeguuf nama gurri isaa hin dhageenye ykn nama rakkoo dhageettii qabu bira turuu fi dhiisuu isaanii murteessuuf mirga murtoo kennuu qabu. Balaan hatattamaa yoo hin jiraanne fi namni sun turjumaana yoo gaafate, qondaaltonni yeroo turjumaanni dhufu bakka af-gaaffiin itti raawwatamu naannoo dhiyootti akka deeman qajeelfama isaaniif kennuu qabu. Qondaaltonni yeroo namni gurri isaa hin dhageenye ykn rakkoo dhageettii qabuu fi turjumaanni argamanitti gara presiniktiitti deebi'uu qabu.

Nama gurri isaa hin dhageenye ykn rakkoo dhageettii qabu yeroo qunnaman, qondaalli gabaasa CAPRS keessatti gurri isaa kan hin dhageenye ta'uu isaa hubachuu qabu. Yaadota qunnamtii

mijeessuuf jecha dhihaatan keessummeessuuf tarkaanfiiwwan fudhataman kamiyyuu hubatamuu qabu. Yoo afaan hiikuun gaafatame, gabaasa CAPRS yeroo hiikuun gaafatamee fi yeroo hiikuun hiikuu jalqabe of keessatti qabachuu qaba. Dabalataanis, dhimmoonni ykn rakkoon sababa yaalii turjumaana gahumsa qabu kennuudhaan uumaman gabaasa CAPRS keessatti galmaa'uu qabu, yoo barbaachisaa ta'e, akkasumas Qindeessaan LEP karaa bilbilaa (673-2338), yaadannoo(memo), ykn imeelii ni beeksifama.

Hojjetoonni MPD gaaffilee fi yaaddoo namoota gurri isaanii hin dhageenye ykn dhaga'uu dadhaban waliin walqunnamtii ilaalchisee qaban gara Qindeessaa LEPtti qajeelchuu qabu.

**Qajeelfama Qunnamtii**

Walumaagalatti, hojjettoonni bakka turjumaanni hin jirretti namoota gurri isaanii hin dhageenye ykn rakkoo dhageettii qaban waliin yeroo wal qunnaman kanneen armaan gadii beekuu qabu:

- Gara nama sanaatti naanna'uu; yaada isaa/ishee argachuu. Gara ifaatti naanna'uu.
- Nama gurri isaa hin dhageenye ykn nama rakkoo dhageettii qabu waliin kallattiidhaan wal qunnamuu; ija keessa wal ilaaluu.
- Sochii qaamaa fi ibsa fuulaatti fayyadamaa. Harka lamaan fayyadamuu hin daangessinaa (nageenya qondaalaaf barbaachisaa yoohin taaneen alatti).
- Nama sanaaf qalamaafi waraqaa dhiheessaa, yookiin yoo jiraate kompuutera fayyadamaa. (02/08/96) (12/05/08)
- Walqunnamtii barreeffamaa hubachuun carraaqqii dabalataa gaafachuu danda'a. Afaan Mallattoo Ameerikaa afaan caasaa himaa fi itti fayyadama jechootaa afaan Ingiliffaa irraa adda ta'eedha. (02/08/96) (12/05/08)